Pirojeektii Bishaan Qulqullina Nannoo fi Dhunfaa Safisaa kan Hawwaasan Hoganamu, PBSQHH) (COWASH): Marsaa III (Hagayyaa bara 2016 hanga Adoolessa bara 2019)

Qajeelfama Leenjii Hoggansi Dubartootaa Bulchinsa KBSQNDH Keesati Qaban

Ebla Bara 2018
Finfinnee

Hiika xumuraa

Qabiyyee

1. Baniinsa walgahii

1.1 Shaakala duraa ----------4
1.2 Ittigafatamummaa hirachuu----------4
1.3 Danbii mana keessaa bafachuu ----------4
1.4 Wanta ni t a`a jeedhamee eegamu adda bafachuu ----------5

2. Odeefannoo ka`umsaa
2.1 Pirojeektii KBQNDH ---------- ------5
2.2 Akkataa gulaantaa raawwii PHB ----------6
2.3 PHB keessati gahee fi ittigafatamummaa KBQNDH------ ---------- 11
2.4 Sababa kaka`umsi dubartootaa KBQNDH keesati barbadameef
2.4.1 Barrefamoota irraa deebi`anii ilaaluu----------11
2.4.2 Argannowaan KBQNDH ---------- ------12

3. Hirmannaa hawaasa fi angeessuu dubartootaa
3.1 Hirmannaa hawaasaa ---------- 14
3.2 Angeessuu dubartootaa----------16

4. Yadoota hoggansummaa sadarkaa hawaasa
4.1 Yadaa hoggansummaa ----------18
4.2 Akkaatee hoggansummaa---------- 19
4.3 Gahumsa kurnaan hogantoonii beekamoon hawaasa qabaan---------- 21

5. Ogummaa hoggansummaa
5.1 Beekumssaa wal qunnamtii
5.1.1 Dhageefachuu shakaluu ---------- 23
5.1.2 Tuuta keessati maltu ilaalamu qaba---------- 25
5.2 Garaagarumma ilaalchaa hubachuu
5.2.1 Shakalaa Door ----------26
5.2.2 Tapha - E----------27
5.3 Garaagarummaa amala ilma nama hubachuu
5.3.1 Gahee adda addaa shakaluu----------27
5.3.2 Mataa ofi fi gamtaan ceepha`uu ---------- 28
5.4 Maxxantummaa fi ofiin off danda`uu
5.4.1 Koodii lagaa ----------29
5.5 Amantaa umuu
5.5.1 Shakala dinnichaa ----------30

6. Murtee dabarsuu
6.1 Akkaatee murtii dabarsuu ----------32
6.2 Rakkolee murtii dabarsuu ---------- 33

▪ Kitaabilee wabii ▪ Odeefannoo dabalataa

Wayee qajeelfamaa

Qajeelfamnni leenjii kun kan qopha`ee dandeetii hoggansaa Koree Bishaan, Qulqulinaa nannoo fi dhunfa (KBQNDH) ijaaruuf.

Miseensa dubartootaa KBQNDH kootadhaan guutuu, yoo xiqaate %50 kan jeedhu irraa darbee, "COWASH"dubartoota iddo hogansatti fiduudha fi keesahu iddoo dura teessuu KBQNDH akka fudhatan ni tatafata.

Dhuguma, qajeelfamni miseensoota KBQNDH sala lamaanuu, dubartii fi dhira hin ilaalalata, hata`u malee bu`aan leenjii irraa argamu irraa cala miseensa dubartoota irrati xiyyeefata.

Qajeelfaminni leenjiin kun koree haraa ijaaramuf ykn warraa ummataa tajaajila kennun mxunnoo qaban leenjisuf nit a`a.

Balinaan yoo ilaalame, gageesitoota dhabbilee hawaasa leenjisuuf fayaadullee ni danda`a.

1. Baniinsa walgahii

A/ Yeeroo barbachisu (hojii armaan gadii raawwachuf kutaa xiqqaa 1.1hanga 1.4): sa`aa 1
B/ Qabeenyaa barbachisu: Flip chartii, markara, kardoota, Skochi teepii ykn pinootaa.
C/ Hala tessumaa: Hirmatonnii akka nama dur walbeekan wajjiin hin teeynee itti himudha .Akka tessuma boca qubee U tii akka ta`an tasisuun akka hirmatonni hundi wal argaan ta`a.

1.1 Shakala wal beeksisuu

Hala mijeesaan hirmaatonni sagantaa leenjii nama isaan cinaa ta`u akka wal baran gaffii akka inni/isheen enyuu, inni/isheen esaa jirati, hojjata/ti inni/isheen, maaliif saganta leenjii kana hirmachu dhufe/te fi kkf gafaachuu.

Eerga lama lamaan hasawanii tuuta guddatii waliti deebi`anii booda, tokko isaa kan tuta hundatti wal beeksisuu. Hojiin kun nama tokkoo tokkoof carraa tuuta gudda keessattii dubbachuu akka danda`u ni gargara, akkasumas hala mijaataa ummun namni tokko kan biraa akka baru ni tasisa, gaheen nama hunda irraa hin eegama, gatis ni qaba, wal soodachu fi qaniin ni bada tuuta wal beekan kan wajiin yeroo dheeraf ittifufu ni ta`u.

1.2 Ittigafatamummaa qooddachuu

Hala mijeesaan hirmaatoota gafachun yeroo saganta leenjii keessati hojii iitigafatamumaan itti kenname akka raawwatan tuuta adda adda ni uma.
Hirmatoota koree addaa addaa keesati ramaduun adeemsa leenjii hirmachisa ni tasisisa. Koreen adda addas kaneen armaan gadii irrati ni hojjatu:
- Sa`aa to`achuu;
- Teesuma kutaa sireesuu; fi
- Bashannana dhiyeechu

1.3 Danbii mana keessa bafachuu

Danbii mana keessa armaan gadi fi kan biraas waliin bafachuu:

Yeeron	Waldhageefachuu/ Usuusun dhorkadha/

Hirmannaa ho`aa

Muxanno kee hiruf yaada kee sirit gababisi ibsi dubadhu, namonnii kuunis carraa akka argataan

Sagalee mobayilii balessii ykn cuufi

1.4 Wanta ni t a`a jeedhamee eegamu adda bafachuu

Hala mijeesan hirmatoonni waraqa xiqoo ykn kardii irrati wanta nit a`a jeedhanii leenjii irraa eegan akka bareesan ha gafatuu. Hirmaatoota irra waraqa/Kardii barrefame sasabee giidaraa irrati yaa maxansuu. Kun kan fayyadu dhuma leenjii irratii Wanta nit a`a jeedhamee eegame guutu isaa ittin gamagamudhaf.

2. Odeefannoo ka`umsaa

Pirojeektii "COWASH" ibsuun dura, tooftaa raawwii isaa, PHB (CMP) fi gahee Koree Bishaanii, Qulqulinaa Nannoo fi Dhunfaa, (KBQNDH) hala mijeesaan hirmatootaa tuuta saditi hirudhaan, tuuta tokko tokkof qabxii marii tokko tokko kenneefi daqiqa murasaf akka irratii mari`ataan ni tasisa. Marichi bal`inaan kan irrati xiyyeefatu qabxii marii kana irrati mal akka beekandha. Qabxiwaan gurgudoon yeero mari ka`an waraqaa irratii tarrefamaanii barra`u qabu.Tuutni hundii dura ta`a fi barreessaa hala marii mijeesuu qabaachuu qabu. Sana booda tutni hundii hirmatoota wal gahii hundaf gabaasa ni dhiyesa, hala mijeesan pirisenteshini hundatti ansee odeefannoo dabalata akka kana gaditti ibsameti ni kennaa.

2.1 Pirojeektii KOWASH

Pirojeektiin BQNDH (COWASH) hawaasan kan dursamu pirojeektii qama lama, mootummaa Itiyoopiyaa (ME) fi mootummaa Fiinlandin (MF)kan gageefamudha. Waldeegarsi qama lamaanii kan eegalee sagantaa dhiyesii bishaan dhugaatii fi eegumsa nannoo irratii bara 1994 (RWSEP) godina Amaarati ture. Bara 2011,

sadarkaa biyoolesati ol gudachuun dabalataan godina afur keessati (Beeniishangul Gumuz, Oromiyaa, kibbaa fi Tigray) keessati kayyoo ummata biraan bishaan qulqulluu, qulqulina nannoo foyya`ee fi qulqulina dhunfa qabatee gageefama turee. Baruma san pirojeektichi maqa amma kana argate: KOWASH. Pirojeektichi boqonna lama, bara 2011 hanga walakkaa bara 2016 keesatti gagefama ture.

Yeroo ammaa kana boqonnaan sadafaan pirjeekti BQNDH (COWASH) arifachisaan hawaasan dursamu kun waggaa sadif, hagayyaa 1, bara 2016 hanga Facaasaa 31, bara 2019 tii guumachaa galma ga`insa KGT II tiif (Bishaan, Qulqulina Nannoo, fi Dhunfaa galma mootummaa Itiyoopiyaatiin facaasaa bara 2015 hanga waxabajjii 2020 kahamedha) hojjatama jira.

Seektara BQNDH keesati xiyyefannoo gudaan KGT II bara 2025tti feedhii jiraatootaa, biyya galii giddu galeessaa keessati kan namoota galin isaanii gadi bu`aa ta`an, bishaan dhugatii fi tajaajila qulqulina akka qabatan mirkanessuudhaf.

Kayyon murta`an KGT II seektara bishaanii sadarka tajaajila fi dhiyesaa bishaan dhugaatii qulqulluu ol guddisuu, bishaan dhugatii badiyaa irratti bulchinsa garii mirkanessuu, ittifufinsa dabalu, ga`umsa fi hojii irra olmaa tajaajila fi dandeetii waligala seektaraa sadarkaa gadi annutti ijaaruu.

Tooftan hojii irra olmn KOWASH kan bu`ureefatee tooftaa Pirojeektii Hawaasan Buulaaniti (PHB), kanaan dura mootumma Finlandin duuriitin kan misoome fi raawwatamtureedha - sagantaa bishaan dhugaatii badiyaa fi eegumsa nannoo (RWSEP) bara 2003 godina Amaraa keessatii akkasumas iddoo biratis babala`ate jira - gargarsa pirojeekti, Finn WASHtiin godina Benishangul-Gumuztii. PHB (CMP) bara 2011 sadarka biyoleesati saganta KOWASHtiin ol gudaatee. Hawata hawataan akkataan raawwii hojii PHB tooftaa raawwatoota BQNDH badiyaa arfaan Itiyopiyaa jiraan keesaa tokko ta`un saganta biyoolessa "one WASH" keesatii akka guddifamu tasifamee jira. Yeroo ammaa kana, PHB (CMP) godina biyyaa shan (Amaraa, Beniishangul Gumuz, Oromiya, Kibba, fi Tigray) keessati anaa 76 keessati KOWASH iin raawwatamaa jira.

2.2 Guulantalee akkataa rawwii PHB (Pirojeektii Hawaasan Buulan)

Pirojeektiin Hawaasan Bulaan (PHB) tooftaa gulantalee raawwii addaa ta`an kan arman gaditi tareefaman waan hordoofanif adeemsi keessa darbu, bu`aa yeroo raawwii argamu wajjiin qixa barbachisadhaa. Gulaantan itti deemamu hundi dizaayini kan ta`u dandeetii hawaasaa pirojeektii BQNDH raawwachuf, opireeshini fi bulchuu akka dandeesisu, ijaaru fi ittifufinsa akka qabu tasisudha. Kanafuu, adeemsi isaa ittifufinsan akka mirkana`u ni gargara.

Kannen armaan gadii gulantalee raawii PHB tii.

1 .Leenjii bulchinsaa PHB: Kana irrati, buulchitnni fi ogeesooni BQNDH sadarkaa nannoo, godina, fi aanaa bulchinsa fi gamaagama teekinikaa pirojeektii irrati leenjiini ni fuudhatu.

Kayyon leenjii, bulchinsa anaa gaheen isaa hojii ogeesoota teekinikaa PHBf hala mijeesuu fi hoordofu ta`eef hubannoo dabaluudha.

Bulchitoota fi ogeesoota waliti fiduun, yeeron suni carra fi waltajji walgahii gama BQNDH anaan kawaate irrati mari`ataanii fi mrteesan tasisee jira.

2. Toofta raawwii PHB beeksisuu: Hawasini ittifayyadaman akkataa adeemsaa pirojeektii, qabeenyi jireechu, carraa PHBiin fidee fi ittigafatamummaa isaanin walqabatuu beeku ykn itti himaamu qaba.

Tuutin teekinikaa PHB aanaa, tuuta PHB gandaa wajiin akkataa ademsaa hubannoo umuu, feedhii maddisisu.

Hawaasaf wayee hojii irra olmaa fi ulaagalee seera qabesumadhaa ni ibsamaf.

3. Bakka bu`oota filachuu: Yeroo hawaasini pirojeektii PHBf iyyachuf yaduu, walliti dhufaanii, koree gageesituu raawwii pirojeektii hogganan filatu, koreen kunis Koree Bishaan, Qulqulina Nannoo fi Dhunfaa jeedhame beekama (KBQNDH).

BPH keesattii KBQNDh waligaltee kontrata tajaajila fi bitta meeshati ittigafatamummaa qaba. Kana males hawaasa bakka bu`un waligaltee faandii mootummaa nannoo wajjiin nigala. Yeroo pirojeektin xumurame KBQNDH bulchinsa fi opireeshini buufataa ittigafatamumman ofiti fudhata.

4. Akkawuntii qusannoo banuu: KBQNDH takka eerga filatame, hawaasa gurmeesu fi qabaeenyaa nannoo isaanii jiru kan akka qarshii, meeshaa fi humna nama ni soochosa.

KBQNDH buusii hawaasa, hawasini adda durooni buusii qarshi suphaa fi opireeshinidha ta`u akkawuntii qusanno dhabbata faaynaansii xixiqaa nannoo isaaniti jiru banameti gali nigodhu. Buusiin qarshi hawasa ittifayadamtootan waliti qabame gati opireeshini fi suphaa xumura pirojeekti boodaa yoo xiqatee baasii bara tokko ta`u uwwisuu qaba.

5. Iyyannoo pirojeektii: Hawaasnii gara bakka bu`oota isaa KBQNDHtiin ittigafatamummaa iyyannoo pirojeektii qopheefachu qaba. Iyyanoon dhugaa lafa irra jiru, feedhii dhugaa maatii hawaasaa irrati xiyeefatame agarsisuu qaba, KBQNDHn proposalaa qopheesee unkaa iyyannoo hawaasa fi garagalcha nagayeee qusannoo fuula gubbaa wajiin, hordofaa PHB wajjira bishaanii annaa jiruti dhiyesuu qaba.

6. Gamaagama pirojeektii: Akkataa PHBti, gamaagamni pirojeektii gosa lamatuu jira. Kunis gamaagama minjala gubbaa fi dirreeti. Gamagama Minjalaa gubbaa: Iyyannoo battalati ilaalun komii jiru ulaagalee PHB waliin ilaaludha. Iyyannoon ulagalee sadarkaa qulqulinaa eegeen yoo dhiyate, bakka bu`onnii KBQNDH iyyannon akka fudhatama argatee itti himamee guyyan gamaagama dirreeen ni murta`aa.

Gamaagama dirree: kun ragaleen lakkofsa fi waan qabataaman iyyannoo keessati dhiyatee dhugaa ta`u fi pirojeektichi teekinikan, faaynaansin, eegumsa nannootiin fi hawaasumman kan baasuu ta`u mirkaneefachudha. Sadarkaa kanatti feedhin murta`an dubartoota fi midhamtoota hawaasa ni dhagahama, nilaalamaaf. Dandeetin hawaasa buusii irrati, raawwii fi pirojeektii bulchuu danda`ullee ni gamaagamama.

Tuutin teekinikaa BQNDH (tuutin ogeesoota wajjiralee seektara aanaa) gamaagama kanaaf ittigafatamumma qabu. Tuutini teekinika gabaasa xumuraa tuuta BQNDH BQNDH aanaa tiif ni galcha. (Wajjira hoggansa seektaroota aanaaf)

7. Pirojeektii ragaasisuu: Gabaasa gamaagamaa fi qabeenyii faaynaansii jiru irratii hunda`udhan, tuutin BQNDH aanaa bulchaa anaatiin hogganamu fandi pirojeekti dhiyatee kana irrati ni murteessa.

8. Waligaltee fandii pirojeektii: Ragaasisa pirojeektii booda, KQNDH fi aanaan waligaltee fandii pirojeektii keesa ni galu. Yeroo bayyee hogganaan tuuta BQNDH fi dura ta`an KBQNDH waligaltee fandii pirojeektii kana ni mallatessu.

9. Akkawuntii pirojeektii banuu: KBQNDH akkawuntii pirojeektii (ykn leejerii) wajjira dhabbata faaynaansii xixiqatti ni banu (DHFX). Akkawuntiin kun karant (current) kan jeedhamu iddoo fandin invastmantii kallatin wajjira (DHFX) nannoo irra itti galudha. Dhuma pirojeekti irratti, yeero kafaltiin riteenshinii godhame booda, akkawunyiin isaanii ni cuufama. Akkawuntiin pirojeektii kana akkawuntii qusannoo KBQNDH opireeshini fi suphaa wajjiin wal ruukutu hin qabu.

10. Leenjii hawaasa: Bu`uraan, leenjiin kun koreen hojii qabatamaan akka raawwatu fi akka pirojeektii bulchu danda`uu tasisuuf. Leenjii kana booda KBQNDH hojii bittaa seera bitta eegee, bulchinsa faaynaansi fi kontraataa, gabaasa dhiyesuu, opireeshini fi bulchinsa suphaa PHB gageesuu ni danda`a. Xumura leenjii irratti KBQNDH qabiyyee, dirqama fi ittigafatammumaa waligalte fandii pirojeektii irratti hubannoo guutuu ni qabata. Leenjiin kun waligalteen faandii osoo hin mallata`in dhiyaachu danda`a.

11. Ijaarsa: Hojiwaan qophii barbachiso ta`an armaan oliti xuqaaman eerga xumuramanii booda, KBQNDH ijaarsa buufata bishaan walinii qulqullu ta`ee ni raawwata. Yeroo kanaatti, fandin invastmantii barbachisu akkawuntii (leejeraa) pirojeektii (MFI) nanoo isaaniti banameti darbee jira. Bitta meeshaa ijaarsa gaggeesuun alaatti, KBQNDHn ogeesoota harkaa nannoo isaanii jiraan kan buufata bishaan qulqullu ijaaran kontrataan qaxuaru qabu. Kana malees KBQNDH adeemsa ijaarsa fi qulqulina ijaarsaa ni hoordofa, hirmanna hawaasa humna fi meeshaaan godhame ni mirkaneesa. Baasiin invastmantii kan gadi dhifamu yeroo yerootiin, (installment) akkuma KBQNDH baasii pirojeektii to`ata PHBtii off irra buuseen jeechudha.

Birkaa

Mana fincaanii foyyaa`e

Iddoo harka itti dhiqaatan

12. Eebba xumuraa: Yeroo ijaarsi pirojeektii buufata bishaan dhugaatii xumuramu, hawaasni fi keesumonni afeeramaan, sirni ebbaa tajaajilli ifaan ifaatti jalqabu ibsu ni raawwaata. Eebba xuumura kana irrattii, KBQNDH miseensoota hawaasaf gabaasa faaynaansii fi raawwii fizikalaa pirojeektii ni dhiyessaa. Guyyan ebbii kun waltajjii hawaasa iddoo dhimmi qabaatamaa akka dhimma opireeshini fi suphaa yeeroo iyyannoo pirojeektii irrati waligalame akka raawwatumu kan irrati mariatamudha.

13. Hoorddofii Raawwii boodaa: Raawwii booda hoorddofiin kan raawwatamu gamtaa tuutaa BQNDH anaa fi KBQNDHtin sadarkaa pirojeektin irra jiru ilaalu, hubachu fi yaada fuurmataa sirrefama kennuf. Lammata irratti, barnoota irra argamunudha. Sadaffaa irrattii, buufatnni bishaanii akka yeroo hunda hojjatu tasisudha. Yeroo sana, KBQNDH hawaasa wajjiin jireenyaa bishaanii mirkaneefachuf karoora buulchinsa soodaa qileensaa raawwachun dhiyessi bishaan dhugaatii qileensaan kan foyya`uu ta`u ni mirkaneefatu. Sadrkaa kanaati, karoori biraa "karoora bishaanii of eeggataa" (water safety plan) jeedhamu ni qopha`aa. Raawwiin karoora kana bishaan yeroo hunda maddaa hanga manaatti qulqulluu fi of eegataa ta`u nu mirkanneessa

2.3 Gahee fi ittigafatamumma Koree Bishaanii, Qulqulina Nannoo fi Dhunfaa (KBQNDH) akkataa raawwii PHB

Akkataa raawwii Pirojeektii Hawaasan Bulanii (PHB) keessati, hawaasini Koree Bishaanii, Qulqulina Nannoo fi Dhunfaa, (KBQNDH) ittigafatamumman ummata ittifayadamtoota hirmachisun ijaarsa fi bulchinsa pirojeekti buufata bishaan qulqullu dhugomsun akkasumas qulqulina nannoo fi dhunfaa akka foyyefatan ni tasisa. KBQND hundi akkatuma labsi nannotiin miseensa 5 hanga 7 kan qabu yoo ta`u gaheen isaanii:

- Dura ta`aa – 1
- Barressa fi hojjata heeregaa – 1
- Qarshi qaba/du fi mana mallaqaa – 1
- Qabaa meeshaa – 1
- To`ataa – 1

Saden kun angoo olaanaa KBQNDHti

• Miseensi – 2 (akkatuma labsi nannotii yoo barbachisa ta`an dabalataan ni filatamu). Miseensoota 5 ykn 7 keessaa, %60 dubartoota ta`u qabu, yoo xiqqate ammo tokko iddo murteessa ykn iddon hoggana sadeen (dura ta`aa, barressa fi hojjata heeregaa) dubartootan qabamuu qabu.

2.4 Sababa dubartoota KBQNDH kakasun barbachiseef

2.4.1Barrefama irraa deebi`ani ilaaluu

Hojii ummata keessati hirmanna dubartootan walqabatee, barrefamonni bayyeen qawa hawaas- adaa dubartoota mudate akka kana gaditi agarsisuu:

- Adaan bayeen gahee salaa umamaa dhirootaa hojii alaa wajiin walti kan hidhan yoo ta`u gaheen dubartoota akka hojii mana keessati ilaalama. Dubartonni akka da`ima kunuunsu fi hojii mana, qoraan guru fi bishaan warabuu, warra dhiraa ammo hojii omisha fi gali umuf itti gafaatamumma akka qabaniti ilaalu.

- Hata`u malee, akka dhugaa jiruti, dubartonni gahee sadi qabu (omshtummaa, ijoollee godhachu fi hojii hawaasa hojjachu). Gaheen sadan dubartoota hanqina qulfii akka dubartonni hojii misoomaa fi walgahii ummataa hin hirmanne kan dhorkedha.

- Yeroo fi iddon walgahii ummataa dubartootaf mijaata waan hin taneef hirmanna isaanii gadi buuse jira.

- Raawiin barnoota dubartotaa gadi anaa waan ta`eef, kunis hanqina duubbisuu, barresuu fi beekuma heereguu keessati kan mulatu waan ta`eef yeroo bayyee akka dubartoni dhabbilee hawaasa kessatii iddo angooti akka hin filatamne tasise jira.

- Qawi hawas- adaa biraa hirmanna dubartootaa dangeese fi keesahuu hogansa ummataa irrati yaada irra dedebi`ame baraatame, dhiri hogansan dubartootaa caala kan jeedhudha.
Walakkaa kanati dubartonni akka gageesuf dandeetii ykn offit amanu hin qabneeti of ilaalu, sagalee isaanii bakka ummatni jiruti dhageesissu dadhabuun ummata biraati akka abba warra isaantin bakka bu`aan tasfamani jiru.

Hirmannan dubartoota iddoo hoggansatti akka dabalu yaada furmaataa baruleen kahani jiru:
- Sadarkkaa maatiti wal caalma salaa jiru hubachun tooftaa addaa addaa fayaadamun garaagarmuu dhira fi dubartoota hidduu jiru jijjiruu ykn dhiphisuu.

- Dubartonni qabeenyaa umaama fi gati qabuu (resource and asset) akka hooratan fi to`atan dandeetii isaani dabaluu.
- Sagantalee teeknolojii humna quusatuu, tajaajila kununsa ijoollee fi barnoota dhiyesuu.
- Dandeetii dubartootaa ijaaruu, keesahuu dandeetii gaggeesummaa, uffiti ammantummaa dubartootaa ijaaruf barbachisa waan ta`eef si`aawan walgahii ummata hirmachun adeemsa murti dabarsuun gahee gudda akka taphatan tasisuu.

2.4.2 Argannoo KBSQ

Qorannon dhimma qabatama wal biraa qabaanii madaaluu bara 2016 KBQNDH fi dayrektooreetiin dhima dubartootaa minstera bishaanii, jallisi fi humna ibsaatiin gaggeefamee ture.

Kayyoon qorannoo qabaatama kun (case study) bulchinsa bishaanii keessati gahee akka miseensa KBQNDH fi akka miseensa hawaasati gahee fi hirmanna dubartoota xinxaaluf.

Ballina fi tooftaa: Yeroo ijaarsa fi ijaarsa booda.

Qorannoo raawwii hojii KBQNDH yeero ijaarsa fi ijaarsa booda agarsistoota raawwii waliin wal ciina madaaluu. Agarsistonni hojii yeroo ijaarsaa, buusii hawaasaa, qulqulina ijaarsaa fi yeroo, hirmanna dubartoota, jabinaa keessa KBQNDH, filannoo KBQNDH fi kakaasuu fi hojii ijaarsaa booda opireeshinii birkaa fi suphaa, tarifaa sasabuu fi ittifayyadamu of keesa qaba.

Iddowaan 20 filatamaan (birkawaan) anaalee jaha, godina Tigray, Kibba fi Amaraa (godina tokko keessa lama) , fi tuutni marii sadi iddo ykn sayti hundaratti (dubarti, dhira fi KBQNDH) gamagaama keessati filatamun mariin gageefame jira.

Argannowaan gurguddoo

- Hirmanna fi hubannon dubartoota bulchinsa bishaani keesati sadarka gaha irra hin ture.

- Kootadhaan dhalaa KBQNDH keessa galchun qofa hirmana dabalu hin dandeenye.

Dubartoota hawaasa keessati argamaan
***Hirmachisu fi makuu*:**
- Yeroo buufatni bishaanii ijaaramu hirmanna cima dubartoota hammate tasisuu (akkataa raawwii PHB!), garuu yeroo opireeshini fi suphaa itti hin fufu

Ragaa argachuu:
- akka waligaalati miseensa hawaasa dhiraa waliin yoo ilaalamu dubartonni ragaa BQNDH qulqullu ta`e argachu irrati qawa niqabu.
- Yeroo dhimi bulchinsa bishaanii wajjiin walqabatu kan akka gati ykn tarifa, feedhin opireeshinii fi suphaa kkf irrati mari`atamu fi waligalamu dubartonni walgahi irratii hin argamaan.
- Sababa hirmannan dubartotaa dhimma bulchinsa bishaani irrati hanqina qabuf buufatnni bishaanii tajaajila wal irraa hincinne keennu irrati rakkootuu isaa mudata.

Dubartoota KBQNDH keesti argamaan
***Miseensumma KBQNDH*:**
- KBQNDH dawaataman %50 gadi ta`an keesati, miseensoni KBQNDH %50 dubartootan ta`u (akka qajeelfama biyoleesati yeroo koreen bishanii fi qulqulina dhabbatu lakkofsi dubartoota fi dhira kan walgitu ta`u akka qabu ifatti kahun mirkanese jira. KOWASH keessati kitabini KBQNDH ittin hojjatu miseensoni KBQNDH %50 akka dubartoota ta`u qaban ni eera)
Filannoo KBQNDH:
- Irra jireenya sababa ajaaja anaatiin dubartonni dura tessuu ta`anii filatamu.
- Dubartonnii caalman qarshi qabuu irrati amanaamoo ta`anii fudhatamu
- Yeroo tokko tokko KBQNDH keessati dubartoota dura tessuu godhanii filachun maqaf qofa akka ta`e mirkana`ee jira.
Dhugumaf yoo ta`e, KBQNDH keessati gahee dura ta`aa kan taphatu abbaa warra isheeti.

Mijaa`ina dubartoota iddo hogansatiif:
Birkalee %50 ol ta`an dawatman keessa, miseensoni hawaasa akka ibsaniti dubartoota iddoo hoggansa KBQNDH kahun sababa adaa fi amantaa kana gaditi xuqamen dubartoota angeesuun kan itt hin yadaamne ta`un hubatame.
- Dhironni hogansa fi buulchinsa hojii misooma keessati cimodha jeedhama
- Dubartonni dandeetii projeektii bishaanii bulchuu hin qaban ykn giduugala anaa ykn magaala deemun dhimma ficisisuuf sababa hojii manatin qabaamaniif hin danda`an.

Gahee wajjira dhimma dubartoota anaa fi gandaa:
- Hirmanaan bakka bu`oota wajjira dhimma dubartootaa anaa fi dhimma dubartootaa gandaa xiqqaa ta`e argame jira.
Hojii BQNDH yeroo ijaarsa, opireeshini fi suphaa gageeefamu keessa humna guutun keesa hin galaan.
Argannon qorrannoo kana hogansa dubartoota umuu fi kakasun kootaa irrati hunda`e gahaa akka hintane yadaa xumuuraa irra waan gaheef, hubanno umuu fi ijaarsa dandeetii sadarka hundatti hawaasa fi KBQNDH dabalate yaluun ittifufu qaba.

3. Hirmanna hawaasa fi angeessuu dubartootaa umuu

Gadi fageenyaan ilaalun durati, hala mijeesan hirmaatoota tuuta saditii yaa qoodu.Tuutni tokkon tokkon yaada sadeen keessaa tokko irrati ya mari`ataan: Hawaasa, hirmannaa hawaasaa fi dubartootaa angeessuu

A/ Yeroon hojii tuutaf barbachisuu: daqiqaa 30
B/ Qabeenya barbachisu: Fiilipii chartii fi markaara
C/ Haala teesumaa: tuutni tokkon tokkon isaanii geengoon ta`uu
Tuutni tokkon tokkon dura ta`aa marii mijeesu qabachuu fi barresaa gabaasa dhimma ijoo ka`aan manaaf dhisuu ni qabaata. Hala mijeesan gabaasa tuuta hundaa irratii yadaa armaan gadi kennuu qaba.

3.1 Hirmannaa hawaasaa
Hawaasa jeechun qama ummataa namootan ykn maatiin ijaaramee fi amala armaan gadii kan qabudha.
Amaloota:
- lafa teesumnni fi nannon isaa walfakkatuu keessa jiraatuu
- Galma waliinii fi rakkolee jiran ni qooddatu (sadarkaa qabeenya diinagdeen osoo adda hin bahin)
- Feedhii misoomaa walfakkatu ni qooddatuu
- Yeroo bayyee hawaasumma walqabate ykn waliti dhufenya sadarkaa nannoo isaanti feedhii walfakkatuu qabu.
- Adaaa fi afaan waliini ni qabaatu
- Qabeenya akka bishaanii, lafa margaa, mana barnootaa, Batskaana, Maskidaa fi kilinikaa waliin fayyadamu.
- Jireenya hawaasuman, xin samudhan fi yeroo bayyee amantadhaan walkeessa jiru.
- Akkuma walfakkatu yeroodhuma tokkotii hawasnni gama biraa irraa garagarumma qabaachu danda`a (diinagidedhan, hawaasumman, sababa si`asan, feedhii fi sadarkadhan) akkasumas tooftaa jiruuf jireenyaa addaa addaa fayyadamudhan.
- Kanaafuu, hawaasni akka iddoo oboolummaa/nageenyaa fi waliti bu`insaa, humna wal jijjiruu, caasaa hawaasaa dabaredhaan walgargaru fi waliti bu`u ta`e fuudhatamun ni danda`ama.

Hirmanna hawaasa jeechun adeemsa hojii hawaasnni qabeenyaa ofi ittin sochoosu, kakasuu fi hojii misooma ofitiif itti gafatammuma fudhatu fi murti darbu keessatii qooda fudhatuu fi sagantaa hojii misooma birra hunda fayya`insa sadarkaa fayyaa namati fiduu raawwachudha. Adeemsii akkasii ummanii offin off akka tasisuu, dandeetii rakkoo hiikuu fi rakkoo hawaasuma, si`asaa, diinagdee fi eegumssa nannoo guddina isaanii irrrati dhibba qaban akka to`atu ni tasisa. Sababni hayyuwaan misooma hirmannaa hawaasaa dhaadheesan akka kana gaditi dhiyatee jira:
- Hirmannan mirga safuu fi dimookratawaa jeechudha
- Hirmannan qulqulina tajaajila foyyeessa, miidhaan akka hin geenyee tasisa, babalinni uwwisaa fi tajaajilaa ni foyyeesa.
- Hirmannan bu`aa pirojeektiirraa argamu ni foyyesa, to`annon itti dhiyeenyan akka godhamu ni gargara.

- Hirmannan tajaajili akka feedhii tajaajiltootaf dafee deebiin kennamu ni taasisa, offiti ammantumma fi miira abba qabeenyumma fi damaqina hawaasa ni ijaara.

**Bu`aa hirmannaa hawaasaa –** Hirmannan hawaasaa sababa bayyedhan bu`a qabeesa ta`u danda`a:

- Miseensonii hawaasaa feedhii, rakkoo, amantaa, muxannoo, qabeenya adda addaa niqabu. Hawaasa dizaayinii fi raawwii pirojeekti/sagantaa keessati hirmachisun tooftaan itti deemame sirri ta`uu fi hawaasan (dhira, dhalaa, jarsoolee, darggaagoo, qama midhamtootaa fi kkf) fudhatamaa argachu isaa mirkaneesuf ni gargara

- Hirmannan hawaasa ittigafatamummaa waliinii, dhiyeestoota tajaajila fi miseensoota hawaasaa (dhira, dhalaa, jarsoolee,dargagoo fi kkf) ni dhadheesa.

- Hawaasnni yeroo pirojeektiin /sagantaan jalqabu, yeroo bayyee qabeenya yeroo biraa argamuu hin dandeenye ni sochoosuu. Waliin hojjachun sagantaa foyya`aa, tajajila fi imaamata irrati deegarsa umuu danda`u.

- Hirmanaan hawaasaa ittigafatamummaa sagantaa, bulchinsaa tajaajila fi imaamata hawaasa bu`ra godhatee dabalaa deemuu danda`a.

- Hirmanaan, akka waligalaati hawaasa angeessuu fi kophaatti ammo qaamoota salphatii midhamuu danda`an kan akka humna dhabeyyii, harka qalleyyii fi qama midhamtoota hawaasa keessa jiraan kkf angeessuu danda`aa.

Mala hirmannaa

Mala hirmannaa	Gosa hirmannaa	To`annoo qama alaa	Humnna Ittifufisisu qabachuu, qama tarkanfi fi abba qabeenyummaa ta`uu
Miseensa haraa koreetti makuu	Tokenismii/gara feedhii ofiti ofuu; Bakka bu`onnii ni filaatamu, garuu angoo dhugaa hinqaban ykn wanti buusaan hin jiru.	XXXXX	
Komii (Hirmannaa boodaa)	Hojiin kenname, jajabeesitu waliin. Qamnii alaa ajaanda umee adeemsa to`ata	XXXX	X
Gorfamuu	Yadinni nannoo jiru ni fudhatama, qamnnii alaa raga ni xinxaala	XXX	XX
Deegaruu	Namoonni nanno warra ala wajjiin filannoo dursu qabu wajjiin murteessuu. Ittigafatamumman adeemsa qajeelchu warra alaatiif kenname.	XX	XXX
Waliin barachuu	Namonni nannoo fi qamni alaa beekumsa isaanii ni qooddatu	X	XXXX

Tarkanffi gamtaa	Ummanni nannoo ajandaa kahee hojjachuf waan barbachisu ni sochosa, qama alaa ni fayyadama, akka kakastutti ykn hala mijeesituutti osoo hintane, akka ummatin nannoo barbadeeti.		XXXXX
Angeessuu	Tarkanffi gamtaa gosa olaana jeechudha. Ummannii ajandaa kawata, dandeetii filaachu fi filannoo isaa qabeenya qama alaa(beekumsa, meeshaa fi mallaqa) akkuma barbachisa ta`eeti fayyadamee hojii barbadeetii jijjiree bu``aa argachuu ni danda`a.		XXXXX+

3.2 Dubartootaa Angeesuu

Akka tooftaa olaantummaa dhiraa moormutti, yaadii dubartoota angeesuu kan dhalatee gidugala bara 1980ti. Jeechichi akka adeemsa gurmuun socha`utti yaadama ture irra hubannon isaa gara sochii dhunfaati babalachun gara adeemsa of ceesisutii jijjirame.

Bara 1995 yaa`ii adunyaa arfafaa Beijingti ta`amee irrati angeesuun dubartootaa angawaan mootummaa bayyeen bakka jiraaniti beeksifame ture. Biyyonni 189, Itiyopiyaa dabalatee, murti Beejingtti darbee ykn waltajii irrati irra gahame hojiiti hiikuu fi angeessumma dubartoota ol kaasuf offiti fuudhatanii jiru. Angeessuu jeechun adeemsa raawwii dandeeti dhunfaa ykn tuutaa, filannoo gochuu danda`u fi filanno isaa hojii barbadeetii jijjiru fi bu`aa argachuu jeechudha. (Hiiman jeechaa Baankii Adunyaati, BA). "Dubartoota angeessuu" bayyinaan walqixxumaa salaa fi angeessuu dubartootaa keessati fayyadamu, kun ammo dhima hiika isaa ibsuun yoo ta`u - diinagdeen angeessuu, hirmannaa si`asaa fi barnoota dubarootan ibsama.

Akka dhabbatnni walqixxummaa salaa Iirop jeecha angeessuu hiikettii, angessu dubartoota jeechun adeemsa raawwii keessati dubartonni angoo argaatan fi jireenya isaanii irrati ajaajan, akkasumas beekumssa argatanii filanno tooftan akka gageesaan jeechudha. Dubartoota angeesun qabiyyee shan qaba:

1) Miira dubartootni gatii offi isaaniti itti kennan;
2) Mirga isaan filaannoodha qabaan ittin murteesan;
3) Miraga isaan carraa fi qabenyaa argachuf qaban;
4) Mirga isaan angoo jireenya isaanii ittin to`ataan, mana keesa fi alaatti; fi
5) Dandeetii isaan kallatii jijjirama hawaasa irratii dhibba umuun hawaasa sirri fi dinagdee tartiba qabu umuu danda`u, akka biyyolessa fi adunyati umuudha.

Akkataa jeecha kanaatin, barnoota, leenjii hubannoo umuu, offitii amaanummaa ijaaruun carraa filannoo babalisuu, qabenyaa argachu fi to`achuu dabalu fi caasa fi dhabbilee loogumma fi walcaalma salaa akka ittifufu irrati hojjataan jijjirun dubartoota fi dubrootaa mirga isaaniti falmaatan angeessuun meeshaa guddaadha.

Caasaa (framework) dubartoota angeessuu bayyee keessa, hiika jeechaa dhabbata "Care" iin hojjatamee akka jeedhuti, dubartoota angeessuu jeechun jijjirama waligala dubartootaa barbachisu mirga ilma nama guutummati akka kabajamuf– Jijjirama wal keecha taphachisu jeechadha:



Dhabbata (agency): hawwii fi dandeetii ishee, dandeetii qabeenya to`achuu irrati qabdu fi murteesuu, gahumsa offi isheeti,

Caasaa: Nannoo itti marfamaanii jiraatanii fi haala filannoo (seera, si`asa, dhabbatummaa, Bakka bu`insa…)

Hariroo: Hariroo abbaa angumma dandii isheen ittin faalmattuu (maatii, hawaasa, biyyaa fi kkf)

Yoo bakki duwwaa geengoo sadeen wali irraa olee gudda ta`e jeechun, walqixxuman salaa guddan bifa hundaan angeessuu, si`asan, dinagden, hawaasan/adaan, haqaa fi xin samuun argame jeechadha.

Dhimonnii wahiyoo hunda jalaati minjala armaan gadikeessati dhiyatee.

Dhabbata (Agency)	Caasaa	Hariiroo
1. Off beekuu; of jaalachuu 2. Hubannoo seera fi mirgaa 3. Odeefannoo fi ogummaa 4. Barnoota 5.Humna ofii to`achuu 6. Sochii hawaasa keessaa 7. Mana keessa dhibbaa murtii irrati qaban 8. Miseensa tuuta fi sochi jiru 9. Qabeenyaa mi`aa fi meeshaa 10. Fayya qama fi dhabbata qamaa	11. Fudhichaa fi seera lammi, safuu fi adeemsa raawii 12. Seera fi hojii jiraatootaa 13. Odeefannoo fi tajaajila argachuu 14. Haqa argachuu, mirga kabachisuu 15. Gaba argachuu 16. Bakka bu`insa si`asa 17. Muxanno baajata mootummaa 18. Bakka bu`insa hawaasa sivilii	19. Damaqina ofi fi namoota biraa akka nama of danda`u tokkoti 20. Amala mari`achu fi waan haraatii madaquu 21. Amala walgargaaru fi gartuu umuu 22. Amala ittigafatamummaf fuudhachu hordofuu 23. Bifa hawaasaa haraa: Waliti dhufenyaa fi amala ture jijjiru

Kayyoo leenjii miseensoota KBQNDHtiif, mariin gadi fageenyaa dhimoota 1hanga 9 xuqaaman kan raawwii KBQNDH kallatin xuqaan irrati mariin gageefamu nidanda`a.

4. Yaad rimme hoggansa sadarkaa hawaasaa

4.1 Yaada hoggansummaa

Yaadini hoggansumma gamtaa naamootaa, hawaasa, tuuta ykn dhabbata kan isaan male yaadini hoggansumma gatii hiqabnedha,
Bu`aa hoggansummaa:

- Gochi ykn adeemsii ummataa irrati dhibbaa umuun akka feedii isaantin raawwii galma tuutatiif tatafataan taasisa.

- Adeemsa ummatin yeroo galma filaatu fi raawwatuu itin hogganamu fi qajeelfamudha.

- kayyoo adda bahee dharran barbaduuf dadeetii namoota biraa hordoofu

- Rakkoo adda bafaachuu fi halaa gariin wajjiin jiraachuf hawaasa gargaaru

- Akka sagalee hawaasa ittifayyadamtootaa, mootummaa, qooda fudhatoota misooma, dhabbilee faaynaansii fi kan biraatii sagalee ta`anii hojjachuu.

Chartin armaan gadtii tarrefame hojii hoggansummaa ni ibsa, garu hoggansumaan kan qabatu kana qofa mit.

Hala mijeesan yeroo leenjii sanduqa tokko tokkon ibsu qaba. (Yoo danda`ame fakkenya qabaatama waliin).



Gama KBQNDH yoo ilaalamu, hoggansumaan karoora, gurmeessuu, raawwaachu fi ittifayyadama buufata BQNDH hawaasa ittifufinsa qabu irrati dhibba qaba.

Barrefamnii (theories) hoggansumma yeroo dheeraa keessa hanga ammatti barrefamaan lakkofsaan bayyee yaa jiraatan malee, kan armaan gaditi xuqaman laman hoggantoota hawaasa kan akka KBQNDH ykn dhabbata hawaasa bu`ura godhete kamiyuuf nita`u jeedhame akka falaatii kawame jira.

Hoggansumma raawwataa	Hoggansumma fakkenyuma qabu
- Pirncipliin "ummannii ni dursa" jeedhu jiraa. - tajaajiluf hubannon filaachuu qabachuu - Hoggansi tajaajilaa dursee tajaajilaa ta`u qaba - Feedhin duraa ummataa dursanii tajaajiludha - hogganuuf akka tajaajilatii hojjachudha - hoggana tajaajilaan hoggana hojjaatuu fi kan biroo tajaajiluf feedhii gudda qabudha - hoordaftootaa waliin angoo qoodachu fi xiyyefannoo namoota hawaasa keessatii gadi antumma qabanii keenu.	- Moodeela ta`u - Muxannowaan shanan fakkenyumma hoggansummaa: ▪ Kara moodela godhu ▪ Mul`ata qoodaachu hawwuu ▪ Rakkoo adeemsa raawwiikeessa bahuu ▪ Namoota biraa akka hojjatan dandeesisuu ▪ Onnee irraa jajabeesuu

4.2 Akkatee hoggansummaa

Akkateen hoggansummaa karaa namni tokko namoota biraa gaggeesuf angoo fayyadamudha. Gosti akkatee hoggansumma tuuta adda addaatin hojjataamaa yaa jiraatu malee, akkateen hoggansumma gosa sadi qaban haala jiru fi dhimma ka`an irratti hunda`un KBQNDH fayyadu danda`an kan jeedhaaman asi gaditii dhiyaatani jiru.

Gaggeesuman akka adaa

Akkateen gaggeesumma, adaa fudhatama qabuun dhibban irra gaha. Kanaf gaggeestoni akkatee gaggeesumaa mata isaanitiin filachu hin danda`an. Ofitii fudhachuf barachu qabu. Gama adaa biyyaa kan akka sirna raawwii adaa, dudhaa fi barmaatlee hordooftootaa adaa ala bahuu hin danda`an ykn ni dangeefamu.

A. Akkatee hoggansumma birookratawaa

- "kitaaban" bulchi

- Wanti hundinuu akkaata adeemsatin ykn imamaatan hojjatamu qaba, yoo ta`u baatee kitaaban uwwifama, sadarka itti anuu armaan oli ilaalaa.

- Danbii hojii irraa olchuu

- KBQNDH ilaalchisee, wanti danbi ittin bulmaata barrefame keessatii hin xuqaamin hojii keessa hin galuu. Jijjirudhaf qawwii kan hin jirree yoo ta`u rakkolee addaa addaatii deebin kan keennamu haala qabaatama jiru irratti hunda`eeti.

B. Akkatee hoggansumma Awutookratikaa

- akkaata raawwii hojii 'I' jeedhames ni beekama.

- Hoggana/ dura ta`aa giddugala godhata

- Akkatee hoggansa, akkataa "classical" jeedhamudha.

- Namonni biraa yaada akka kennan hin mari`achisu

- akkaata raawwii dogimatikti

- adeemsa jiru irraa xiqqoo ykn gonkumaa hin maquu.

- raawwii olaanaa tuutaa argachuf karaa garii miti

- Miseensoota tuuta hafan irrati dhibba gochuu, midhuu fi adabuu irrati hunda`a

- dandeetii dhageefachu dadhabaa ta`e agarsisa

- bu`aa mata isaatiif waliti bu`insa fayyadama

KBQNDH keessati, angoowaan murtii dabarsuu hundi dura ta`a KBQND harka jira jeechuun ni danda`ama, akkuma diktatorootaa, kanaf miseensoota KBQNDH fi hawaasaa irra yadaa fi kaka`umsa argachuf hin afeeru.

Gosti hoggansumma akkasii, yeroo murti hataatama gochun barbachisa ta`e tarii bu`a qabeesa ta`uu ni danda`a, waan namni tokko qofa tuuta bakka bu`ee murteesuf.

C. Sakkatee hoggansumaa dimookratawaa

- Akkatee hirmaachisa jeedames ni beekama
- Gumaacha hojjatoota jalaati gidugaleesa godhata.
- miseensoota tuutaa akka qama murtii kennuu ta an ni jajabeessa.
- hoggansummaa kana bayyee bifa addaa kan taasisu walqunamtiin gara oli fi gadii deemuu oo`aadha (dura ta`aa fi miseensoota KBQNDH biraa + miseensoota KBQNDH fi hawaasa fayyadamoo).
- hoggansumman bayyee filatamma ta`ee bu`aa kana gadi ni qaba: Gidugala fi garii, gahumsa, dandeetii umuu, ciimaa, gafnaa fi amanamadha
  Dhimma KBQNDH ilaalchisee, akkateen hoggansumma dimokratawaa miseensonni KBQNDH fi hawaasnni fayyadamoon murti dabarsu keessati akka hirmataan tasisudha jeechun ni danda`ama.

4.3 Gahumsa kudhan gageestoota hawaasa olaanoo

Gahee fi ittigafatamumaan addaa addaa miseensi KBQNDH tokko tokkon qaban akkuma jirutti ta`ee, miseensonni KBQNDH akka gageestoota hawaasa ta`anti of ilaaluu qabu, kanaf amaloota arman gadi qabachuu qabuu. Gahumsa kudhan dhiyeesun duratti, hirmatonni muxanno isaanii irraa ka`anii amaloota gageesitoota hawaasa akka tareesan aferuu.

1. Hubannoo mata ufii

- Namoota biraa gageesun duraatti, gageesan dandeetii isaa beekuu qaba.
- Ciimina fi dadhbinaa isaa adda bafachuu
- Ciimina isaa dabaluf tatafachuu; hojii biraa irrati yoom akka gargarsa gaafatu beekuu
- Kan isaa/isheedha ta`u akka gaaritii beekuu: haala jiru keessati ammam akka gaaritii gargaru danda`ee

2. Barrachu fi offiti fudhachuf dhara`u

- Inni/ishen mul`ata hala jiru beeku hin danda`an
- Dhageefachu, barrachu fi adeemsa jijjiruf feedhii qabachuu
- miseensoonni hawaasaa qabeenyaa gaatii qabu ta`u danda`uu – sagalee isaanii yadaa keessa galchun kabaajaa fi beekumsa ni argatuu.

3. miiratii itti dhagahamuu (Empathy)

- gara hoggansumma foyya`atti si geessa, sababin isaa hogganaan ilaalcha addaa addaa yaduu danda`a.
- Miiratii qamoota hundaa hubachu fi fuudhachu
- Inni/isheen akkamiti akka yadaan hubachuu

4. Amantummaa fi tokkomsuu

- Hogganaa gariin hawaasaf, hoggantoota biroof fi warra dhageefatuf amanamaa ta`u qaba.
- Amanaamun iddo omishummaa umuudhan mariidha hala ni mijeesaa jijjirama ni fida.
- Amantumma fi tokkomsu yoo hinjirree, amantumaan ni caaba, wal kabajuun ni qucara, omishtumman ni bada.

5. Yeroo fi humna dabarsaani kennuu (Dedication)

- Ittigafatammuman gageessa hawaasa ta`u jeechun ishee /innii abdachisaa ta`u qabu.
- Yeroon feedhidhan dhume ykn hojii irraa ole bu`aa hawaasa qofa mit, bu`aa gageesas nit a`a.

6. Tajaajila

- Feedhi qabeeyiin hawaasa isaanii gargaaru danda`u.
- Mallaqa buusuu ykn mi`a gurgurudhan mallaqa argachuun
- Nyaata sasabuu, qopheesuu, raabsuu ykn laachuu
- hojii humna walii galaa ykn geejibuu keessa galuu

7. Ogumma namootaa

- Ogumman walqunnamtii, kan akka mari`achuu, araarsuu, wal dhageefachu oo`aa, jeechaan yaada ibsachu fi falmiin bayyee barbachisadha.
- Ogummaa walii tumsuu jeechun hogganaan namoota biraa wajjiin akka gaaritti hojjachu fi iddoo omishtummaa umuu danda`udha.
- Gaggeesaan hawaasa wanti tokko maalif barbachisa akka ta`e fi, akkamiti akka jijjirumma namatiif haala mijeesan ibsuu danda`a, da`ima ya ta`uu, feedhi qabeesa ykn dhabbata gargarsa ta`u danda`a.

8. Fuuldura yaaduu

- Hogganan guddan sanduqaa alatti yaada, fuul duratti ilala, galmee sammu keessa kawata.
- Wanta haraa umuu fi dandeetii qabatamaan yaaduu guddisaa
- Jijjirama ittifufinsaa qabu fiduuf sammutti yaaduu jeechan dhaloota dhufu hirmachisudha.

9. Dandeetii

- Si`awaa ta`u qofaa mit, gageesan dandeetii sadarkaa olaana miiraa, hawaasummaa fi beekumsa beektootaa qabaachu barbada.
- Gahumsasi, akka gaggeessati namni tokko hojjataa ciimadha eegumsa godhufi qaba

10. kaka`insa

- Dhumarratti, gageessa guddan namoota kakasuun jireenya isaani fi hawaasa akka jijjirama uman ni tasisa.
- Gageesan dharraa qabu, namoota biraa hojii foyya`insa hawaasa fidu keessa galchun jijjirama akka umaan ni dandeesisa.

5. Ogummaa gageesumma

5.1 Ogummaa walqunnamtii

5.1.1 Shakala dhageefachu

Yeroo tuutan hojjatamu, hojii Kenya gahumsan raawwachuf, amala gadi fagoo fi kabajama wal dhageefachuu barachuu qabna. Qalbeefannaa fi fullefannaa miseensonni tuutaa ittin wal dhageefatan, ilaalcha wal dhageefachu tuuta hundaa gudisuu keesatii dhimma bayyee barbachisadha.

Teekinika dhageefachuf galtee osoo kennin dura, hirmatonni gahee taphachu, gosa sadii raawwachuu qabu.

Tapha tokkon tokkon keessa namni lama ni hirmaata.
A/ Yeroo gahee taphachudhaa barbachisu: gahee taphatootaf daqiiqaa15 yeroo shakalu dabalatee
B/ Qabeenya barbachisu: Iddoo balla deemichaf toolu
C/ Haala teessumaa: Hirmaatonni hundi gahee taphatoota ilaaluf waltajiti garagalanii ta`u.

Tapha dura keessati, namni tokko xiyyefanno osoo hin kenninif nama biraati hasawa. Namiichi lammatan yeero bayyee dubbachuf yala, deebii deebsu ykn yaada kennuf.

Yoo namichi dura dubbatu, namichi lammatan ni callisa, yaluu dhisa.
Tapha lammata keessati, namooni lama waliti dhufaani, lamaanuu wayee wantoota isaan ilaalatuu ykn galchuu waliti himu jalqaaban.

Tokkon tokkon isaanii mata duree addaa adda irrati dhubbatu, tokko isa kan hin dhaggefatu, lamanuu yeroo tokko dubbatu
Tapha sadaffaa irrati, namooni lama waliti dhufaani falmi dhugaa jalqaaban.Tokkon tokkon isaanii gaffii walgafatu, wal dhaggefatu, deebii wali kennu.

Hala mijeesan yeroo gaheen taphatmee mal akka argaan hirmaatoota gafaata. Hanqinaa fi ciimina taphaa tokko tokkon akka ibsaan hirmaatoota ni sakata`a.
Dhumaratti qawa dhageefachuu garii irrati galteewaan armaan gadi ni kenna, toofta ittin sira`uu fi wanta hojjatamu qabuu fi hin qabnne adda baasa.

1. Takka dhageefachu-takka dhisuu (On-Off Listening) – yeroo jiru keessaa fayyadamun wayee dhimma ishee ykn ofi yaaduu, gamma dhageefachu waan biraa yaaduu ciinqamu, dubbatan waan jeechu qabu firoomsu fi waliti qabuu.
Kun kan sira`uu danda`u dubbachu caala xiyyefanno itti kennun, akkasumas sochii qamaa, shakkii fi kkf ilaaluu.

2. Dhaggefachuu alaabaa dimaa (Red Flag Listening) – Nama tokko tokkotti, jeechonni murta`an akka alaabaa dimaati, akka horiif ture. Yeroo jeechicha dhaga`an, off wallalu dhageefachus ni dhabuu. Jeechonni kun tuuta hirmaatoota

hundaaf garaagarumma qaba, tokko tokko kan akka "guraachaa" fi kkf nama hundaf walfakkata.

Jeechonnii tokko tokko waan ulfaatuf dhageefatan bakkumati jijjirama.
Dhageefatan nama haasawa dhiyeesu wajjin waliti hin dhufu, kanaf lamaanuu osoo wal hin hubatin hafu.
Dursanii jeecha kamtu dubbata fi dhageefataf alaabaa dimmadha jeedhanii adda basuun garidha.

3. Dhageefachu gurra saaquu- sammu cuufachu – Yeroo tokko tokko "dhagefataan" dursee mata dureen ykn dubbataan nuffisisadha jeedhee dafee yaada, kanaf wanti jeedhame miiraa hin umuu.
Yeroo bayyee, gara xumuratti utaalun waan dubbatan jeedhu tilmaamun, yoo dhageefatan wanti hara waan hin jireef sababin dhageefatamuf hin jiru jeedhu.

4. Ija Kalaatiin dhageefachuu (Glassy-eyed Listening) – Yeroo tokko tokko "dhageefatan" sirriti nama ilaalu, waan dhageefatu fakkachuf, garuu sammun isaanii iddo biraa jira.
Yadaa isaanii mijaata ta`e keessti kufanii yaadu. Ija kalaa ta`un, fuula isaanii irrati abjootaa ykn samudhaan akka achi hinjire ta`un irraa mul`ata.
Yoo qalbeefannee ilaale hirmatonni bayyeen walgahii irra jiraan ija kalaatin waan dhaggefatan fakkatu, yeroo mijaata barbaduun boqqannan ykn adeemsi akka jijjiramu yaada kennu.

5. Anaaf dhageefachun bayyee fagata (Too-Deep-For-Me Listening) – wanta jeedhame dhageefachu mit, sababin isaa dhageefatan akka yaadutti, inni/isheen kan dhageefacha jiraan isheef/isaaf ulfaata fi walxaxadha.
Ibsi akka godhamu gafachun rakkoo kana foyyeesuf ni gargara.

6. Dhageefachuu Bidiru dhagan hin ruukutin (Don't Rock the Boat Listening) – Namootnni yaadni isaan garidha jeedhani kennan akka mormamu hin jalaatan, ijjii ittin ilaallu ni geedarama, namnii bayyeen yaadni isaanii akka mormamu hin jaalatan. Kanafuu, yeroo dubbatan hasaahu, waan dhageefatan yaadu ykn itti amanu tokkotti bu`uu, isheen/inni bakkumatti osoo hinbeekin dhageefachu dhaba ykn morma ta`a. Yoo waanti kun beekaa dubbatamellee, dhageefachu fi ijjannoo dubbata guututi hubachuf dura dubbataan maal akka yaade dubbatee adda bafachuu wayyaa. Kana booda deebii nama ijaaruu kennu.

Qabxilee handa kanaan dura xuqamaan jeecha salpha ta`en kahuun kanaan dura jireenyaa guyya guyyaa keessa muxanno akkasii keesa akka darbanii dhufan gafaachuu.
Mariin akkasii hoggantoota KBQNDH ogummaa dhageefachuu akka foyyessaan ni gargara, yeroo walqunnaman fi missnsoota hawaasa kan biraa wajjin yoo wal qunnaman.

Hojjachu fi dhisuu dhageefachuu

Yeroo dhaggefatuu wanta kana gadi hojjachu yaali:	Yeroo dhageefatu waantoota armaan gadi hojjachu dhisuu:
Feedhii agarsis • Obsaa ta`uu • Huubata ta`uu • Qabatamaa ta`uu • Rakkoo nama akka ofiiti fudhachuu ibsuu • Hiikaa jeechaa sirriti barbaduu • Dubbataa dandeetii akka gudifatu gargaruu, kakka yaada akka umuu kakasuu. • Bakka calisuun barbachisa ta`eeti dandeetii caalisu akka hooratu gochuu	• Dubbata itti dhibuu • Faalmuu • Addaan kuutuu • Muddaman dursaanii murtii dabarsuu • Yoo abban gafate malee gorsa kennuu • Yaada xumuratti utaaluu • Yoo dubbatan miiran kallatin si xuquu sirressu dhisuu

5.1.2 Tuuta keessati maltu ilaalama

A/ Gahee taphataf yeroon ajaaja kennu fi gahee taphachuf barbachisu: daqiqaa 20
B/ Qabeenya barbachisu: Filip chartii fi warra yadannoo fudhaniif markara
C/ Haala teessumaa: Hirmaatonni hundi akka gahee taphtoota ilaaludhaa ittitolu gara waltajjiti garagalaanii ta`u, gahee taphatonni ammo tuutaa lamaan geengodhan ta`u

Kayyon mata dure kana hirmaatoota ilaalcha qabatama adeemsa walqunnamti akka qabaatan dandeesisuu fi tuuta keesati diirirfama walqunnamti ilaaluf.

Kana gochudhaan, waantoota armaan gadii akka hubannu nu dandeesisa:

1. Eenyutuu hasawa? Yeroo amaamif? Yeroo meeqa?
2. Yeroo hasawaan ummata kamtu isaan dhageefata?
    a. Namoota biraa, gargartoota jiraachu danda`an?
    b. Tuuta sakkatauu?
    c. Tokkllee hinjiru?
    d. Sadarkaa dhumaa
3. Yeroo bayyee, enyutu enyu waliin hasawa, eenyutu enyu addan kuta?
4. Akkate walqunamti kam fayyadamu?

a. Jeechoota jaba b. Gaffii C. ba`insa sagalee, sochii qamaa fi kkf

Gosti dawwannaa namni tokkoo godhu odeefannoo barbachisaa ta`e kan tuuta keessa deemu argamsisu qaba, kan akka eenyutu enyu gageesa ykn enyutu enyurrati dhibba uma?

Haala mijeesan hirmaatonni akka tuuta lamatti hiraaman ni gafata (tokkon tokkon missensoota shani hanga torbaa kan qaban ta`a), geengodhan ta`anii mata duree feedhii miseensoota tuuta irrati mari`atuu (fkk buusin hawaasa buufata bishaanii bulchuf itti fayyadaman, si`a meeqa sasabamu akka qabu) ykn ganda keessa jiraatan keesati feedhii mooraa bataskaana/masgida keessatii mana fincaanii hawaasa ijaaruu yoo qabaatan. Tuuta tokkon tokkof nama daawatu lama ramaduun adeemsa marii akka galmeesan tasisu. Akkauma mariin eegaleen, dawatan yeero hunda yeroo namni addaa dubbatu sarara kaasuu qaba. Walqunnamtiin kallatidhan nama tokkoo gara nama biraatti yoo ta`e, eenyu akka enyutii dubbatu kan agarsisuu sarara fakkii

furda qara qabu kaasuu. Yaadin waligala tuutaf yoo keenname, sarara fakkii addan cicitee walakkaa geengoti kaasuu. Eerga tuuta daqiqa 15f dawatani booda, fakkii kafame kan adeemsi walqunamtii mal akka fakkatu agarsisu tuutatii agarsisuu. Samudin isaa asi gaditi dhiyaate.



Fakkii ilaalun dhimmoota armaan gadi irrati marii gaggessuu.

1. Chartii irrati akinee walqunamtii akkamiti argan?
2. Akkineen kun bifa kamin jireenya fi hojii tuuta gargaaruu ykn danquu?
3. Eenyutu yeroo bayyee hasawa, eenyutu calisa? kkf.

Kana booda haala mijeesan yaada galtee hoggantonni KBQNDH miseensoota KBQNDH hafannif yeroo walgahii tuuta fi yeroo walgahi hawaasa kutaa hawaasa adda addatiif keesahuu namoota dhimma marii irrati yaada keenanf ykn gonkuma hinkeninef xiyyefannoo kennufi akkasumas akkineen cimaan dhibba umu adeemsa murtii kennu akka hinmine eeganno tasisu qabu.
Barbachisumaan dub deebii kennu fi fudhachu, hanqina kana keessatti akka dhimma guddati xiyyefanno argachu qaba.

5.2 Garaagarumma ilaalchaa hubachuu

5.2.1 Shakkalii "door"

A/ Yeroo ajaaja kennu fi gahee taphachuf gahee taphatadha barbachisu: daqiqa 15

B/ Qabeenya barbachisu: Teessoo lama kahuu; Tokko balbalatti garagala, kan biraa kara balbala dura gidaarattii garagala.
C/ haala teessuma: Hirmatonni hundi gara teessoo gahee taphatan ittifayyadamuti garagalanii ta`u.

Kayyon shakkalii kana hirmaatoota ilaalichi wantoota ittin ilaalan waanti sun akkas akka hintane hubannoo akka argatan dandeesisuf.

Yaada kana gahee taphachu hojjachun agarsisa. Feedhii qabaatoota sadi barbachisa. Laman isaanii waliti garaglani ta`u, namni tokko balbalatti garagalee ta`a, kan biraa isaa/ishee duuba gara balbala ta`a. Kana booda, namnii sadaffan ciina tokkon dhufee "balballi essa?" jeedhee gafata. Inni balbalati garagale akkas jeedha "fuul dura" kun kan isaa/ishee duuba ta`e akkas jeedha "duuba". Kana booda hirmaatoota gaffii arman gadii gaffadhaa:

1. Eenyutu sirridha? Nammni tokkichu sirri mit, namicha sadafaf balballi isaa/ishee ciindha male duubaa ykn fuul dura mit
2. Taphni gababan kun maal nutti hima?
3. Jireenya dhugaa wajjiin maaliin waliti dhiyata?
4. Waantoota ilaalcha adda addaa dhugaa ittin ilaalu dhibba umaan maal fa`a?
5. Akka tuutatii hojjachun keenya beekamtii/dhageeti maali qabachu danda`a?

Kana booda hala mijeesan wayyee barbachisummaa yeroo fudhatanii akkatan namni tokko ittin ilaalu sirri mit jeedhani murti xumuraa irra osoo hin gahin yaada ni kenna.

5.2.2 Tapha "E"

A/ Yeroo ajaaja hirmaatoota kennuf barbchisu fi gahee taphachuf barbachisu: daqiqa 10
B/ Qabeenya barbachisu: Kardii, Markara
C/ Haala teessumaa: Hirmatonni hundi akka kardii (qubee "E" offirra qabu) geengoo walakkatii argamu ilaaludha akka itti toolu geengodhan ijaaju ykn ta`u.

Haala mijeesan hirmaatonni akka geengon dhabbatan ykn ta`aan ni gafata. Qubee E gudda fi dabaa ta`e waraqaa xiqqa irrati barrechee walakkaa geengoo kaha.
Hirmaatoni iddoo dhabbatanii waraaqa xiqqaa irrati waan argan akka ibsaan gaafachuu. Akkatumaa dhabbataa isaanii geengoo keessatiin qubee "M", "W", "3", ykn "E" arguu danda`u. Hirmaatonni iddo jiranii socho`udhan qubee kallatti adda addatiin arguu danda`u. Dhugaa jiru agarsisuf hojiin kun bu`aa qabeesa, akkumaa ilaalcha isaatin, ummatini wantoota adda addumaan ilaala. Akka filaannotti, nama tokko walakka geengoo akka dhabbatu godhiti waanta itti mulatu akka ilaalcha isaa irraa ka`ee akka sirriti ibsu tasisu

Shakalli laman kun hoggantonnii KBQNDH yaada adda addaa miseensoota KBQNDH fi/ykn hawaasa irraa ka`u akkataa ilaalchatin hubachudhf isaan ni gargara.

5.3 Garaagarumma amala ilma nama hubachu

5.3.1 Gahee bayyee shakaluu

Kayyon shakkalli kana ummanni wayee amala isaa tuuta keessati akka garitii akka hubatu fi amala gosa bayyee namoota biraa akka hubatu ni dandeesisa.

Garaagarmma akkasii hubachun tuua ni gargara, akkasumas ummatin ful dura duub deebii akka kennu ni gargara.
A/ Yeroo hirmatoota ajaja kennu fi gahee taphachudha barbachisu: daqiqa 40
B/ Qabeenya barbachisu: Kardii, Markara, Skooch teepii

C/ Halaa teesumaa: Hirmaatonni iddoo ta`ani turu danda`u.

Shakallii jalqabuun dura, ibsii adeemsa shakellii irrati haala mijeesan keenamu qaba. Hirmaatonni amalli gosa bayyee akka tuuta keessa jiru beekuu qabu, shakaliin kunis dhibban amala mata keenya fi kan namootni biraa qaban hubachudhaf ni gargara.

Haala mijeesan hirmaatonni akka tuuta miseensa sadi qabun akka hojjatan ni gafata, (Wal cinaa ta`u) waraaqa xiqqaa irrati gosoota amala sammuu isaanitii dhufe akka barresan tasisu.
Waraqaa sasbuun sagalee ol qabaanii dubbisuu, sana booda amala shani hanga torba hojii tuuta keessati irraa deebi`ame barrefame filaachuu.

Amala shanii hanga torbaa filaataman kardii kophaa`e irrati barresun gidaara galma leenjii iddoo addaa addaa irrati maxnsuu.
Sana booda namnii tokkon tokkon amala baratama isa ykn ishee ibsu jala akka dhabbatu gaafachu.

Sana booda namootaa amala gosa tokko filaatan irrati marii gageechu, amala bu`a qabeesa ta`e akka hirataan gafachu, / kan deegaramu fi bu`a qabeessa ta`e / kan hin deegarmne dhisuu.

Dhumaarattii, hirmaatonnii tuuta keessa amali adda addaa jiraachuu ni hubatu, amala kanaan walbarun fuuldura wajjiin hojjachuf ni gargara.

5.3.2 Mata ofi fi akka gareeti of ceephuu

Dursa yaada ceepho irrati oso mari`atiin, haala mijeesan hirmaatonni akka ceephon mal akka ta`e hubannoo isaanii beekumsa muxanno irra argatan irrati hunda`un kasaanii fi ibsan gafachu. Sana booda hala mijeesan ceepho irrati akkasiti yaada kenna

- Miseensoota tuuta hundaf akka ceepha`an carraa kennafi
- akka gumacha hojii tuuta foyeesuti fudhachun, ceephoo iddoo barbadee dhufu fudhachuf qopha`aa ta`uf yaluu,
- Ceephon ta`u kan qabu namoota dhimmi ilaalatu ful duraati waanta dhuga ta`e ibsudha, qabatama fi ijaa sirrii ta`e bu`ureefachu qaba.

,

- Kan nama ijaaru ta`u qaba
- Dogoogora battalati akka sireesinu nu gargara

Dhimmicha cuufun dura, hirmaatootonni akka ilaalcha bu`aa ceepho irraa argame akka himaan gochuu.
Shakallin akkasii, KBQNDH akka duub deebii keessa fi haawasa irra argatuu fi itti fayyadamu tasisa/ceephoo raawwii isaani foyyeesu.

5.4 Maxxantumma fi ofi danda'uu (Dependency Vs Self Reliance)

5.4.1 Koodii Lagaa

Kayyoon koodii kana gaaffii maxxantumma fi of danda`u gadi fageenyan ilaaludha. Gaffii hojii "ummataf hojjadhu" ykn hojii "ummata wajjiin hojjadhu" kan jeedhu kasa.

A/ Yeroo gahee taphatootaf ajaja keenuf barbachisuu fi gahee taphataf barbachisu: daquqa 15
B/ Qabeenya barbachisu: Chokii afaala irrati fakkii ittin kasan (ykn waan biraa kan dangaan ittin hojjatamu); Waraqaa Flip chartii tokko akka cittuu bakka bu`uti, waraqa "A4 size" sadi iddoo afuritii hiru, akka yabbanno dhagaa bakka bu`uti.
C/ Haala teesuma: Hirmaatonni hundi gahee taphata ilaaluf gara yabbannoti gargalaanii dhabbatu.

Jeecha tokko malee gahee taphatachun raawwachuu. Hirmaatoota sagantaa leenjii nama sadi waamun akka tapha feedhidhan taphataan gochuu.
Sarara lama ball`ini isaa giddugala ta`e, wali irraa fagatee afaala irrati chookidhan kaasaa, akka heededa lagaa bakka bu`utti. Waraqaa citaa akka yabbanno dhagaa lagaa keessa bakka bu`uti sarara keessa kaha, waraqaa fillip chartii walakkaa lagaa akka cittuti bakka bu`utti kahaa.
Namonni lama lagati hiqanii iddoo cee`umsaa ilaalatu. Utalchii bishaanii bayyee ciimaa waan ta`eef isaan lamaanuu cee`uu soodatan.

Namnni sadaffan itti dhufee rakkoo isaani ilaale. Namichi sadaffan dura bu`un laga irra ol deemun iddoo dhagan yabbannoo jiru itti agarsise, akka yabbatanis jajjabeese, garuu jarri lamaanuu sodaatan, namichis nama tokko dugdarra godhatee ceesisudha waligale. Yeroo namichi laga wallakaa gahu, namichi dugdarra jiru ulfaata waan ta`eef bachuu dadhabee, ciittu xiqqoo jirtu irrati bayyanatan.

Namichi sadaffaan duubati deebi`udhan namicha lammaf dugdarrati batamu barbadee fiduu deeme. Garuu namichi lammatan ni dide. Namichi sadafan namicha lammafa bachuu irraa harkaa qabee akka inni offi isaatin dhagaa yabbatu gargare.
Karaa giddu eerga gahe booda namichi lammatan of danda`ee deemu jalqabe.

Isaan lamanu laga cee`an. Yeroo gama tokkoti cee`an, bayyee waliin gamadan waliin deeman, wayee namicha tokkoffa kopha isaa ciittu irraa ta`u gonkumaa hirrafatan. Namichi tokkofan akka isaa argan yaala ture, garuu isaan sochi cinqama inni gargarsa argachuf godhu hin argine.

Tapha kana booda hala mijeesan hirmaatonni akka gaffii arman gadi irratii mari`atan ni gafata?

1. Tapha keessati maal argan?
2. Namoota laman gargaruf akkatan addaa fayyadaman maal inni?
3. Namonni tokko tokkon isaanii jireenya dhugaa keessati maal bakka bu`u danda`u, keessahuu hojii BQNDH keessati?
4. Heedednni laga lamaan maal bakka bu`uu?
5. Pirojeektin barnootaa ykn misoomaa bifa kamiin maxxntummaa umu?
6. Namni tokko miiraa of danda`u mirkaneesuu fi gudisuf maal hojjachu qaba:

▪ Hawaasnni rakkoo keessa jiran keessa bahuf karaa barbaduu qaba. (fkk dhimma kana gatii ykn sasabbii fi itti fayyadama tarifaa wajjiin wal qabsisuun mari`achuu; mana fincaanii foyya`aa fayyadamu fi iddoo harka itti dhiqatan)
▪ Kana godhudhan,yeroo hunda gargarsa gara biraati argatan irrati harka nama eeguu hin qabaan. Yeroo tajaajilli adda kutame rakkoo ciima keesaa galuu ni danda`u (fkk dhimma kana suphaa buufata bishaanii, birkaa irrati dallaa ijaaruu, wardiyaa birkaa qabaachuu wajjiin walqabsisun mari`achu)
▪ Jireenyaa garii bira gahuf, rakkoo bayyeen isaan qunnamu akka danda`u fuudhachu qabu.

▪ Kanafuu, namni hundumtuu pirojeekti BQNDH fi misooma biraa hirmachun miraa of danda`u gudisuun irraa eegama.

5.5 Amanamummaa ijaaruu

5.5.1 Shakala diniichaa

Shakalli kun leenjii akkasi keessati bu`a qabeesa, namoonii wayee isaanii waan itti dhagahame walii hiruu, wal itti dhufenya namoota biraa wajjiin qaban irrati midhaa kan hinfinne wal amanu waan gudisuuf bu`a qabeessa.

A/ Yeroo gahee taphatootaf ajaja fi gahee taphachuf barbachisu: daqiqa 20
B/ Qabeenya barbachisu: Bayyinni diinichaa lakkofsa hirmaatootan wal qixa qabachun gariidha.
C/ Hala teessumaa: Hirmaatonni hundi gahee taphachu raawwachuf geengodhan ta`u.

Gulantaa arman gadi fayyadamun shakala raawwachu.
▪ Haala mijeesan miseensoota tuuta akka geengon ta`an ni tasisa, nama tokko tokkof tayee keessaa diinicha akka kasan carraa keennufi.
Diinichi amma danda`ameetii guddinni isaa qixaa ta`u qaba.
▪ Hirmaatonni diinicha isaanii akka of eeganoon sakatta`an gafaachu. Diinichaa isaanii ilaalu, qaqqabachuu, ulfaatina isaa, bifa addaa qabaachuu isaa.
Kanaati ansee, hirmaatonni nama isaan ciina ta`e waliin akka wayee amala diinicha isaanii mari`atan itti himu ykn gorsuu fi ijaa dururfatanii diinicha adda bafachuu danda`uu ykn diinicha tuuta kana keessa jiruu hunda keessa ijaa dururfataanii barbadanii argachuu
▪ Lama ta`un, namni tokko ijaa dururfata, kun diinicha lama harkatti qabata.
Inni ijaa dururfate diinicha isaa/ishee isaa kaasu qaba. Falla kanatiin adeemsa raawwii ittifufu.
Tuuta miseensoota 6 qabun haa hojjatamu.
▪ Mee tuuini hundi geengon haa ta`u. Diinicha eerga sasabinnee booda dugda namoota duuban harkan waliti ha dabarsinu (kayyon kana kayyoo ija dururfachutin tokkodha). Amma namnnii hundi diinicha isaa beekutti osoo hin ilaalin itti haa fufu. Diinicha hafan dadabarsun amma hundumtuu abba argatutti itti fufa.
▪ Yeroo namni bayyeen diinicha isaa argatee taphinni ni dhuma.

Haala mijeesan hirmaatonni gaffii arman gadi irratti akka mari`atan ni gafata:

- Jalqaba duraa yeroo diinichi si kennamu ilaalchi kee maal ture?
- Kan kee adda bafachuf maal goote?
- Yeroo adeemsa kana maaltuu sitti dhagahame?
- Wayee keetii maal barrattee?
- Waliti dhufeenya naamoota biraa irraa maal baraatan?
- Hawaasa keessa wajjiin jiraachuf shakallii Kun maal nuttii agarsisa?

Yeroo shakalin itti hojjatamu, tapha fi kolffii bayyee ni tasifama. Hala mijeesan wayee ammam namni tokko osoo hinbeekin feedhii nama biraa irrati dhibbaa akka qabu yaada ni kenna. Kanaafuu, yeroo tuutan hojjanuu, feedhii namoota biraa akka hin xuqqine of eegannoo barbachisa ta`e fuudhachu qabna.

Hala mijeesan hirmaatonni birkaa itti fayyadamanin tuutan akka of gurmeesan gafachu fi rakkoo gurguddoo bulchinsa birkaa irra jiru lama akka adda bafatan gochun karooraa raawwii eenyu akka rakko kana hiiku, qabeenya sochosu fi tuuta qindeesuu kan jeedhu irrati qopheesu qaba.

6. Murtii salpha gochu

Tuutni hundi, galma isaa gahuuf, murtii wal irraa hin cinne keessati hirmachu qaba: Murtii guddaa, murtii xiqqoo, murti salphaa, murti ulfaataa, murti sirri, murti dogoogora, garuu yeero hunda murti, amaas murti.
Murtee kennun sarara yaadaa waliti dhufeenyaa wal irraa hin cinnee ta`uu isaa miseensoota tuuta keessati umu /miseeoota KBQNDH; sarara yaadaa kan miseensonni hundi dhibbaa irrati qabanidha.

Karan waanti kun itti hojjatamu, gadifageenyan kutannoo miseensootaa fi hojii tuutaa hanga lubbutti kan xuquu danda`udha. Asiti yaadi guddan miseensoota KBQNDHni hawaasnnii fayyadaman adeemsa murtii kennuu keessatti hirmaatee, hojii san sirriti bachu akka danda`n hubachisudha.

Bakka halii mijataan hin jireetti murtii waliinii gochuf, hawaasinni fayyadaman soodachaa dhufuu danda`a. Kanaf, hoggantonni KBQNDH fi miseensonni biraa murtii dabarsuf gahumsa muxannoo xiqqoos tatuu qabaachu qabu, yoo akkas ta`e miseensooni biraa maaltu murti garii kennuf akka nama gargaru fi maaltuu ammo murtii garii dabarsuu akka nama dhorku ni baratu.

Hirmatonni akka murti nama tokko/dhunfaa fi tuuta/waliini dabarsan irrati muxannu akka wal jijjiraan gafachuu (fkk dhabbata bu`uraa hawaasaa beekumsa hin argatin keesati akkamiti akka murti dabarsan fi muxannoo Idirii, Iqubii, Daboo fi kkf)
Hala mijeesan gosa murti fi rakkoo murti dabarsu irratti isaan qunname fi murtii garii kennu irrati yaada ni kenna.

6.1 Akkatee murtii dabarsuu

1. Liqimfamuu
Asitii tuutni murtii dabarsuu dhisuudhan, murtii dabarsa. "Murtii dhisun-murteesudha." Namni tokko yaada ni kenna, garuu akka dhagattii haroo keessati kufa, namni tokko gonkuma xiyyefanno itti hin kennine. Namichi yaada kenne sun dhuguma miiri olaanan yoo itti dhagahame, waluma gala xiyyefannoo dhabun yaada isaa namichi akka keessaa bahu ykn yaada biraa akka moormu isa tasisa.

2. Murtii nama tokko
Kun battalumati ta`a, booda garuu namichi yaada kenne bilisaan yoo ta`e ykn gargarsa feedhi qama biraa irrati hunda`een yoo raawwatee, isheen/inni ofi isaatin qofa akka raawwatameetii fudhatama.

3. Mata duree irra utaaluu
Namni tokko tuutni akka murtii irraa hingeenye akkuma tuutni irrati murteesudha qopha`een qabxii haraa kasuun akka hin murtofnne dhorkuu danda`a. Qabxin fuudhatama kan qabuu yoo ta`e fuudhatamu qaba, dursee dhiyachu kan qabu ta`us. Yoo fuudhatama kan hin qabnnee ta`e akka baleessati hubatama ykn yalii namni tokko tuuta to`achudhaf godhe waan ta`eef, tuuta murtii kennu irra dhorkun heeyamamu hin qabu.

4. Harka rukutuu
Yeroo namnii tokko yaada kennuu, kan biraa ammo akkas jeedhee, "Yaada dinqiidha," dhimmichis marii dabalata malee murta`ee. Murtin akkasii yeroo bayyee akka namni yaadu alatii dedeebi`ee mulata, yeroo bayyee osoo namnii yeroodha hin qalbeefatin darba, booda garuu komiin akka ka`u ta`a.

5. Walqunnamtii dhunfaa
Murtin kun kan darbu tuuta xiqqaa durse kara argachuf karoorfateni.
Sababin isaa jarri kun warra moormu caala kan gurma`anidha, yeroo bayyee dhimma battala irrati ni milka`u, tuuta keessati afura waltumsu umuu caala wal dorgomii fidu.

6. Xiqqaa ykn gadi anaa
Murtiwaan kun kan akka namoota waliti hiqaanii beeka gurma`an osoo hin ta`in, namoota xiqqoo humna qaban, osoo hin beekin tuuta too`atnidha, booda garuu maalif namoonii kun akka gowomaan ni dinqisifatu.

7. Filannoo nama bayyee ykn irra jiraa
Tuuta gudda keesatii kun yeroo bayyee murti dabarsuf karaa raawwii fuudhatamada. Hata`u malee, namni tokko feeedhii ykn amantaa namoota xiqqoo murti darbee filaatan irraati dhabuu danda`a, keesahuu yoo ilaalchi isaanii hin dhaga`amnee jeedhanii kan yaadan ta`e.

8. Waligaltee dubbii malee
Tuutnni tokko tokko murtii garaagarumaa yaada tokko malee darbu irrati kayyeefata. Kun garidha, yoo dhguma ta`e, garuu yeroo tokko tokko qofa dhimma gurgudaa irrati yeroo murta`e guutuma guututti ni raawwatama. Waligalten murtii garaagarumaa yaadaa tokko malee yeroo tokko tokko ni yaadama, yeroo miseensoni tokko tokko moormudha bilisa ta`u dhabun calisan.

9. Waligaluu
Waligalteen kun, yeroo bayyee, yaada araara ykn yaada adda adda ta`u danda`u of keessa qaba, hunda ol yaadnii hundi ni dhageefatama. Ilaalchi walddidaa fi yaadni namoota xiqqaa guutumaatii irrati mari`atama. Nannoo qileensaa namoonii hundi of ibsuuf bilisumaan itti dhaga`amu ummudhaf yeroo fudhata akkasumas of eeggannoo barbada, tooftan kun ammo tokkumma, wali tumsu fi kutannoo uma. Kana jeechun ummata dhageefachu, san booda ammo waan gurmesitonni/hoggantonni hojjachuf karoorfatan hojjachu jeechuu mit. Kana jeechun yaada nama hundaa ilaaluun akka hammatamu tasisudha. Karaa kanaan murti dabarsun yeeroo dheera fudhachu dand`a, garuu yeroo bayee hatataman onnee guutudhan murtin irrati fuudhatama jira.

6.2 Rakkolee murti dabarsuu

1. Sooda halaa waanti tokko fiduu.
Dhimma tokko tokko irrati, bu`an murtii soodachisa garaagarumma fi waldidda fiduu danda`a.

2. Amanamumma waliti bu`u
Yeroo namni tokko miseensa tuuta bayyee ta`e, kun yeroo bayyee wayee murti irratti gara amanamumma umuuti nu geessa.
Qillensi waliti bu`insa kana fiduu danda`u nama dhunfaa osoo hin midhin fuul duraati gadi bahee rakko hiikudhaf gargarsa guddadha.

3. Waliti bu`insa namoota hidduu.
Tuuta bayyina kamiyyu qabu keessati garagaaruman namumma kan miraa jaalaala xuxxuqu miseensoota hiidutti wal jibbina kan umu akkasumaas murti maqaa qabu keessa kan galu ni jira.
Yeroo bayyee miseensii biraa kan waldidaa namoota hiddu rakkoo dhugaa ifaatii baasuu danda`a.

4. Ajaandaa dhookataa
Namni tokko akka tuutni murti xinnoo dabarsuu yaaluu danda`aa, kan inni/isheen sababaf barbadaan, inni/isheen tuuta wajjiin hin qooddanne.

5. Gageesumma gahaa hin tane

Gaggesan tuutaa murtee gariin akka hin dabare dhorkuu ni danda`a, yoo inni/isheen dhimma muddaa irrati yaada ibsachu fi mariin akka hin gaggefamne dangeese. Tooftaa mijaata filachudhan murtii tuuta keessati rakko umaamu irrati gargaarsa dhiyessuu.

Walaalo yeeroo leejiin cuufamuu

RAYYAAN HOOLAA LEENCAAN HOGGANAMU, RAYYAA LEENCAA HOOLAAN HOGGANAMU NI MO`ATAA

REFERENCES

CARE Women's Empowerment Framework. https://www.care.org/our-work/womens-empowerment/gender-integration/womens-empowerment-framework

Forum on Street Children Ethiopia, (Sep. 1997), Report on DELTA[1] Training for Members of the Future Community Based Organization

Leadership Styles. Handout for Leadership Training in the MoWE (Unpublished)

Listening Skills. www.ofor.org/.../Wolf%20Listening%20Skills%205-08%2025x%20so...

Ministry of Water, Irrigation and Electricity, COWASH (2009 E.C), WASHCO's Working Guideline (Amharic Version)

Ministry of Water, Irrigation and Electricity, COWASH (July 2016) WASHCO Performance and Gender: Case study on women's role and inclusion in water management through comparison of WASHCOs in three COWASH regions (Article)

University of Kent. How to Develop Leadership Skills. https://www.kent.ac.uk/careers/sk/leadership.htm

[1] DELTA stands for Development Education and Leadership Teams in Action. It is a collective training event to prompt action for social change. Its roots are in Freirean critical awareness, human relations training in group work, organizational development, social analysis and a conceptualization of transformation derived from liberation theology. The program was originally developed for use in Kenya. It has spread thereafter to other neighboring countries in Africa.

Odeefannoo dabalataa – gaffii sadeet (8) gahumsa gaggessumaa qooruf dhiyate

1. Caalaa fi darbaa ni deemtaa?
Waan barbachisa ta`e qofa ykn kan hincaallee hojjachun si gammachisa?
Amma dandeesee hojiiti of dhibdaa?
Yeroo kee pirojeekti kee gaha gochuf ni olchitaa?

2. Ati waan garii yaaddaa?
Akka gaggessati yaada gaarii walfakkatu namaf qooddaa?
Waan garii hoojachuf sirritii mirkaneesuu hin dandeechaa?
Hiriyya ykn daraboo kee sadarkka olaanattii ol dhibdda?

3. Jijjiramaf sammun kee banaadhaa?
Akkataa baraatamaa ta`e irra maqudhaf ati qopha`dhaa?
Hojiin akkuma dur yeroo bayyee baratameen akka itti deemu barbadaa?
Filannoo kanaan dur hinbaratamin offiti fuudhachuf qopha`a fi sammu bannadhaa?
Kun dhuguma sihii: "Anni kallatti bubeen ittin deemu jijjiruu hin danda`u, garuu shara jabalaa sirresee iddon barbadee gahuu nan danda`aa"

4. Ati murteessadhaa?
Rakkoo murtii dabarsuu qabdaa?
Murtiin ati dabarsitee akka jijjirama malee hojii irraa oluu tasiftaa?
Murtii dabarsuu keessati waltajjii mri`achiftaa, "yoo ta`e maali"?
Alta`a murtii keetii fuudhachudhaf qopha`adha?

5. Ittigafatammumaa fuudhataa?
Wanti gadheen tokkoo yoo ta`e koomii fudhachuf qopha`adhaa?
Yoo koomaatamte, koomii nama biraatti ni dabarsitaa?
Kuufudhaa qopha`adhaa, yoo kuftee ammo irraa barachudhaa qopha`adha?

6. Ati nama miiraa gadi fagoo qabuu?
Hojii keetiif of eegannoo gootaa? Hojii kee sirriti hojjachu fi dhisuu keetiif of eegannoo gootaa?
Wanta hojjatu hunda keessati yaalii guddaa gootaa?
Hojii xiqqadha jeedmu sirriiti off eeggannoon raawwataa?

7. Umaaman kaka`umsa qabdaa?
Wanna barbadee hojjachu dandeechaa? Mallaqa hoordofta moo miira hojii keetit?
Nama caalaa ta`uf humna qabdu hunda hojii irra oolchitaa?

8. Barachudhaf heeyyamamadha?
Ati amma tuuta kee wajjiin sarara tookko irraa jirtaa, waliin gulufaa jirtuu?
Guyya guyyan duubiftaa? Guyyaa guyyaan wanta haraa yaaltaa?
Akka dursite jiraanya gaha ta`e beektu sittii dhagahama?